



Boqonnaa

3




# SEENSA FIRAAKSHINOOTAA

## 3.1 KEESSA DEEBII FIRAAKSHINOOTAA






$\frac{1}{3}$  → kan halluu dibame  
 $\frac{2}{3}$  → Guutuun isaa bakka meeqatti qoodame?




$\frac{2}{3}$  → kan halluu dibame  
 $\frac{3}{3}$  → Guutuun isaa bakka meeqatti qoodame?


### Gocha 1

Firaakshinoota kutaa dibame ibsan barreessi.





Firaakshinoota kennaman danaa isaanii irratti halluu dibuudhaan agarsiisi.



$$\frac{1}{3}$$

$$\frac{2}{3}$$


$$\frac{2}{3}$$

$$\frac{1}{3}$$

## 3.2 FIRAAKSHINOOTA TOKKEE $\frac{1}{2}$ HAMMA $\frac{1}{10}$ TTI JIRAN

### 3.2.1 Firaakshinoota tokkee adda baafachuu

Danaa kenname ilaali.



Danaan kun bakka walqixa ta'e 4tti goodameera.

Arfan keessaa tokko qofatu halluu dibame.

Kunis yeroo firaakshiniidhaan ibsamu  $\frac{1}{4}$  ta'a.


Yeroo dubbifamus tokko araffaa jedhama.

### Gocha 2

Barataan tokko burtukaana tokko bakka walqixa ta'e sadiitti qoodde tokko keessaa hiriyyaa isaatiif kenne. Barataan kun harka meeqa hiriyyaa isaatiif akka kenne barsiisaa keetti himi.

## Gilgala - 1

*Firaakshinoota kutaalee dibamanii barreessi*




*Firaakshinoota kennaman kana jechaan barreessi*



## Gocha 3

1 *Danaalee kennaman irratti firaakshinoota kutaalee bakka bu'uu danda'an barreessi.*



### 3.2.2 Waamamaa fi waamsisaa firaakshinii

## Hubadhu




- $\frac{1}{3}$  → Waamamaa jedhama  
 $\frac{1}{3}$  → Immoo waamsisaa jedhama

#### Gilgaala - 2

*Waamamaa fi waamsisaa tokkoo tokkoo firaakshinoota kennamanii ibsi.*

1	$\frac{1}{7}$	2	$\frac{1}{8}$	3	$\frac{1}{4}$	4	$\frac{2}{3}$	5	$\frac{1}{5}$	6	$\frac{1}{10}$
---	---------------	---	---------------	---	---------------	---	---------------	---	---------------	---	----------------

*Waamamootaa fi waamsisoota kennaman firaakshiniin barreessi.*

7	waamamaa → 2	waamsisaa → 3	firaakshinii	
8	waamamaa → 1	waamsisaa → 8	firaakshinii	
9	waamamaa → 1	waamsisaa → 9	firaakshinii	

### 3.3 WALAKKOOTAA FI KURMAANOTA

#### LAKKOOFSA HUNDA

##### A Walakkaa


Lakkoofsi guutuun tokko bakka walqixa ta'e lamatti yommuu qoodamu ga'een argamu walakkaa jedhama.

#### Fakkeenya 1



$$6 \div 2 = 3$$

Kanaafuu, 3 walakkaa 6ti




$$16 \div 2 = 8$$

Kanaafuu, 8 walakkaa 16 ti

**B kurmaana**

Lakkoofsi hundaa guutuun bakka walqixa ta'e afuritti yoo qoodame, ga'een argamu kurmaana jedhama.

**Fakkeenya 2**

$$12 \div 4 = 3$$

Kanaafuu, 3 kurmaana 12 ti

**Gilgaala - 3****1 Walakkaa lakkoofsota kennamanii barbaadi.**

- |   |    |   |    |   |    |
|---|----|---|----|---|----|
| a | 2  | b | 4  | c | 12 |
| d | 20 | e | 46 | f | 50 |

**2 Kurmaana tokko tokkoo lakkoofsota kennamanii barbaadi.**

- |   |    |   |    |   |    |
|---|----|---|----|---|----|
| a | 4  | b | 8  | c | 16 |
| d | 12 | e | 20 | f | 40 |

**Pirobileemota jechaa armaan gadii furi.**


- 3 Karameellaa kudhan qaba. Walakkaa isaa obboleessa kootiif yoon keenne, karameellaa meeqan kenneef?
- 4 Guuboo tokko keessa buphaa 24tu jira. Kurmaanni isaa yoo gurgurame, buphaa meeqatu hafa?
- 5 Obbo Gurmuun hoolota 80 qabu. Walakkaa isaanii yoo gurguran hoolota meeqaatu hafaaf?
- 6 Walakkaan 30 meeqa?
- 7 Kurmaanni 100 meeqa?

## 3.4 FIRAAXSHINOOTA SASSALPHOO WALIIN

### MADAALUU

#### Gocha daree

- 1 Hundarraan burtukaana tokko bakka walqixa ta'e lamatti qoodee gartokkee hiriyyaa isaaf kenne. Abdiinimmoo burtukaana tokko bakka sadiitti qoodee harka tokko hiriyyaa isaaf kenne. Lamaan isaanii keessaa eenyutu burtukaana baayyee hiriyyaa isaaf kenne?



$$\frac{1}{2}$$



$$\frac{1}{3}$$

- 2 Istriippii (Strip) firaakshinootaa dheerinni isaanii walqixa ta'etti gargaaramuudhaan halluu dibaati firaakshinoota  $\frac{1}{2}$  hamma  $\frac{1}{10}$  jiran agarsiisaa. Firaakshinoota argattan xiqqaa gara guddaatti tartiibessaa.

#### Hubadhu!

*Firaakshinii tokkee hunda keessatti inni waamsisaan isaa xiqqaa ta'e isa waamsisaan isaa guddaa ta'e irra ni caala.*

#### Fakkeenya

$$\frac{1}{4} < \frac{1}{2}$$

#### Gilgaala - 4

*Mallatto "<" yookiin ">" ti gargaaramuun firaakshinoota kennaman waliin madaali.*

- 1  $\frac{1}{4} \text{ — } \frac{1}{3}$     2  $\frac{1}{2} \text{ — } \frac{1}{8}$     3  $\frac{1}{8} \text{ — } \frac{1}{6}$     4  $\frac{1}{10} \text{ — } \frac{1}{7}$     5  $\frac{1}{3} \text{ — } \frac{1}{9}$     6  $\frac{1}{5} \text{ — } \frac{1}{4}$